

Waraqaa Haqaa - Ajaja Nageenya Hawaasa Mana Barumsaa Itti Fufiinsa Qabu

Ajajni Nageenya Hawaasa Mana Barumsaa Itti Fufiinsa Qabu Maali dhaa?

Namoonni tokko tokko kanneen akka daariikteraa fi hojjetootni Kutaa Barnootaa fi Leenjii 'namoota hayyamameef' jedhamu. Ajajoota yeroo mana barumsichaa deemtu ykn waliin hirmaattu akka hordoofu seera siif kaa'u baasuuf aangoo qabu.

Ajajni kun mooraa mana barumsaa ykn bakka biroo sochiin mana barumsaa itti raawwatamu akka hin seenne ykn akka hin turre si dhorkuu danda'a. Ajajni kun namoota murtaa'aniif, yeroo murtaa'etti, mana barumsichaa ykn bakka biroo sochiin mana barumsaa itti raawwatamutti haala murtaa'ee keessatti waan gochuun siif hin hayyamamne ibsuu danda'a. Ajajni kun haalawwan addaa kan akka yeroo, ykn iddoowwan ajajni sun raawwatiinsa hin qabne of keessatti qabachuu danda'a.

Barsiisonni, barattoonni fi namoonni biroo mana barumsaa keessa jiran akka nageenyi itti dhaga'amuuf ajajni kun isiniif kennameera. Odeeffannoo dabalataa waa'ee Ajaja Nageenya Hawaasa Mana Barumsaa [asitti](#) argachuu dandeessu. Ajajoonni Nageenya Hawaasa Mana Barumsaa maal akka hojjetu hubachuuf akka si gargaaru suursagalee [asitti](#) ilaaluu ni dandeessa.

Ajajni tokko hanga yoomiitti hojiirra tura?

Akkasumas Ajajni kun seerotni kun hanga yoomiitti akka hojiirra oolan sitti hima. Yeroo dheeraan hojiirra turuu danda'an ji'oota 12 dha.

Ajaja kenname tokko irratti akkan walii hin galle akkamittin mana barumsichatti himaa?

Namni hayyamameef tokko Ajaja kennuu isaa dura, Ajaja kennuudhaaf yaadaa akka jiran fi maaliif Ajaja ni kennina jedhanii akka yaadan sitti himuu qabu. Maaliif akka karaa murtaa'een sochoote, akkamitti akka sirratti ykn mucaa kee irratti dhiibbaa akka geessisu ykn waan biraa isaan beekuu qaban kamiyyuu ibsuuf nama hayyamameef 'yaada dhiyeessuu' dandeessa, akka isaan Ajaja kennuu fi dhiisuu isaanii murteessuu danda'aniif. Fakkeenyaaf, nama hayyamameef mucaan keessan miidhama qaamaa akka qabu itti himuu barbaadda ta'a, kunis akka isaan mana barumsaa dhaqaniif deeggarsa gochuu itti fufuu akka dandeessan mirkaneeffachuuf, akka qindeessiiwwan taasisaniif.

Ajaja kennuudhaaf akka yaadan nama hayyamameefiin erga sitti himamee booda guyyaa 7 keessatti yaada dhiheessuufi qabda. Akkasumas yoo yaada dhiyeessuuf isin barbaachise yeroo dabalataa gaafachuu dandeessu.

Barreeffamni dhiyaatu imeeliif ykn xalayaa nama hayyamameef ergamu ta'uu danda'a. Uunkaa marsariitii Kutaa Barnootaa fi Leenjii irratti argamu [asitti](#) fayyadamuu dandeessu.

Yoo yaada barreessuu hin barbaanne ta'e, bakka isaa yaada afaaniin akka kennitu gaafachuu dandeessa. Akkasumas namni biraa akka siif dhiyeessu gaafachuu dandeessa, kanneen akka nama deeggarsa qaama miidhamummaa kee ykn afaan hiikaa(turjumaana) kee.

Yoon mana barumsichaa keessatti daa'ima qabaadhe, Ajaja Hatattamaa hordofuu waanan qabuuf amma maaltu isaan irratti muudata?

Manni barumsaa keessan Ajajni kun daa'ima keessan irratti dhiibbaa akkamii akka qabuu fi akkamitti akka isaan kunuunsitan sirriitti itti yaadee jira. Ajajichi akka isaan kunuunsuu ykn barnoota isaanii wajjin akka hin hirmaanne si dhorkuuf kan yaadamee miti.

Manni barumsaa keessan Ajaja erga isiniif kennee booda dafee 'Pirootokoolii Qunnamtii fi Gahinsaa' isiniif kenna. Kunis kanneen armaan gadii ni kaa'a:

- waa'ee barnoota daa'ima keessanii akkamitti akka isinitti himamuu danda'u
- akkaataa daa'imni keessan mana barumsaa dhaquu fi sochii mana barumsaa irratti nagaan hirmaachuu itti fufuu danda'u
- daa'imni keessan akka deeggaramuu fi kunuunfamuu mirkaneessuuf maal akka gochuu qaban.

Yoon Ajaja tokko hin hordofne maaltu mudataa?

Yoo seeroota Ajaja keessatti kaa'ame hin hordofne, manni barumsichaa Ajaja kana akka hordoftu si taasisuuf Mana Murtii Abbaa Seeraatiif iyyachuu ni danda'a.

Manni Murtii Abbaa Seeraa Ajaja tokko hordofuu dhabuu keetiin dogoggora akka qabdu yoo hubate, kanneen armaan gadii si gaafachuu danda'u:

- adabbii maallaqaa akka kaffaltu si gaafachuu
- Ajaja kana akka kabajju si gaafachuu
- Ajaja kana kabajuuf tarkaanfii addaa akka fudhattu si gaafachuu
- waan biraa Manni Murtichaa sirriidha jedhee yaadu akka gootu si gaafachuu danda'u.

Ajaja tokko hordofuu dhabuu keetiin mana hidhaatti hin hidhamtu, galmees yakkaa hin argattu ykn adabbii yakkaa hin argattu.

Ajajni akka jijjiiramu yoo na barbaachise hoo?

Ajaja tokko keessatti seerri akka haqamu ykn jijjiiramu yoo barbaadde, nama hayyamameef akka jijjiiramni sun ta'u ajaja sana kenne gaafachuu dandeessa. Namni hayyamameef yoo tole jedhe ajaja jijjiirame sana barreeffamaan waraabbii siif kennuu qaba. Yoo walii hin galan ta'e, ajaja itti fufiinsa qabu yeroo kennan ulaagaalee barbaachisan hordofuu qabu.

Namni hayyamameef tokko ajaja tokko irratti seera haaraa dabaluu yoo barbaade, ulaagaalee yeroo ajaja itti fufiinsa qabu kennu hordofuu qaba.

Ajaja tokko irratti ol'iyannoo dhiyeessuu yoon barbaade hoo?

Ajaja tokko irratti ol'iyannoo dhiyeessuuf sababoota armaan gadiitiin mana barumsaa keessanitti iyyachuu dandeessu:

- Yoo Ajajichi sirratti kennamuu akka qabu irratti walii hin galle

- Yoo nama hayyamameef Ajaja keessatti waan tokko akka jijjiiru gaafatte garuu isaan didan, murtii kanaan hin gammadne ta'e
- Yoo namni hayyamameef Ajaja kana jijjiiree fi murtii kanaan yoo hin gammadne ta'e
- Yoo namni hayyamameef ajaja akka hin haqne murteesse, akkasumas murtoo kanaan yoo hin gammadne ta'e.

Murtoon gamaaggama keessoo yeroo iyyanni kee gara muummee barnootaa ergamu irraa kaasee guyyoota 28 fudhachuu danda'a. Yeroon kun sababoota Ajajni sirratti kennamee fi sababoota dhiyeessii keessan keessatti kennaman of eeggannoodhaan madaaluuf kan ooludha.

Gamaaggamaan keessoo Ajaja irratti jijjiirama gochuu, Ajaja haquu ykn lamaanuu gochuu dhiisuu danda'a. Murtoon erga kennamee booda, karaa imeelii fi/ykn poostaadhaan si beeksisu, akkasumas sababa bu'aa gamaaggama keessoo murtii kenname hubachuuf akka si gargaaruuf waraabii ni argatta.

Bu'aa gamaaggama keessootti yoo hin gammadne ta'e, murtii kana Mana Murtii Siivilii fi Bulchiinsaa Viiktooriyaatti ol'iyyannoo dhiyeessuun ni dandeessu. Waa'ee kanaa odeeffannoo dabalataa marsariitii Kutaa Barnootaa fi Leenjii [asitti](#) argachuu dandeessu.

Turjumaana/hiiktuu afaanii ykn deeggarsi biroo yoo na barbaachise hoo?

Turjumaana, hiikaa afaanii ykn nama deeggarsa kennu yoo barbaadde, deeggarsa argachuuf eenyu akka si gargaaru danda'u muummee mana barumsichaatti himuu dandeessa.

Yoo mucaan keessan mana barumsaa kan mootummaa dhaqe, deeggarsa dabalataaf waajjira naannoo Kutaa Barnootaa fi Leenjii qunnamuu dandeessa.

| | |
|--|--|
| <p>Kaaba Baha Viiktooriyaa Bilbila: 1300 333 231 Imeelii: nevr@education.vic.gov.au</p> | <p>Kaaba Lixa Viiktooriyaa Bilbila: 1300 338 691 Imeelii: nwvr@education.vic.gov.au</p> |
| <p>Kibba Baha Viiktooriyaa Bilbila: 1300 338 738 Imeelii: sevr@education.vic.gov.au</p> | <p>Kibba Lixa Viiktooriyaa Bilbila: 1300 333 232 Imeelii: swvr@education.vic.gov.au</p> |

Odeeffannoo dabalataa yoon barbaade hoo?

Odeeffannoo dabalataaf gara marsariitii Kutaa Barnootaa fi Leenjii [asitti](#) dhaquu dandeessu.